

Dhukkuba Sombaaf (DhS) Laali Dhiiga (IGRA)

Maali laaliin dhiiga DhS?

Laaliin dhiiga dhukkuba sombaa (DhS), akkasumas maqaa biraan “Interferon Gamma Release Assy ykn IGRA” ka jedhamu kun karaa jarmiin DhS qaama kee keessa jiraachuu ittiin beekamuudha. Qooda gogaa kee keessa waraananii laalan(Mantoux) dhiiga fudhanii laaluun ni danda’ama.

Dhiiga DhS laaluuf akaakuu lamatu jira:

- QuantiFERON®-TB
- T-SPOT®.TB

Yoo waan kanaan gaditti jiraniif DhS dhiiga (ykn gogaa keessa waraanii laalamuu) qabda:

- Nama DhS dammaqaa qabu waliin dedeebitee walitti dhufeenya qabaatee beektaa,
- biyya namooni baayeen DhS qaban jiraateetaa,
- mana namooni itti wallaanaman, kilinkii, hospitaala, mana hidhaa, ykn bakka namooni iddoo jiraatan hin qabne yeroof jiraatan, ykn hojjetee/dalagdee beektaa, ykn
- dhukkuba HIV qabaatee ykn qaamni kee dhukkuba ofirraa loluuti dhadhabaa yoo ta’e

Ijoolleen umuriin isaanii waggaa 2 gad ta’e DhS gogaa isanii keessa waraanamee laalamuu qabu malee dhiiga fuudhanii hin laalaman.

Akkamiin dhiigi koo fuudhamee DhS laalamuu danda’a?

Warra fayyummaa keef wallaansa siif kennan gaafadhu. Dhiiga xiqqo fuudhanii labooratoriiti ergu. Warri fayyummaa keef wallaansa kennan guyyaa yertuu keessatti ka laalame kun dhibeen jira fi hin jiru isaa sitti himu.

Maali yoo dhiigi fuudhame kun “dhibee hin agarsiisu” ta’e?

Dhiigini laalame “dhibee hin agarsiisu” yoo ta’e, kun jechuun jarmiin DhS qaama kee keessa hin jiru jechuudha.

Maali yoo dhiigi koo fuudhame kun “dhibee agarsiise”?

Dhiigi fuudhamee laalame kun “dhibee agarsiisa” yoo ta’e, jarmiin DhS qaama kee keessa jira ta’a. Namooni

baayeen DhS dhiigni ka laalamee “dhibdee agarsiise”, DhS riphee ta’aa jiru qabu jechuudha. Isa kana mirkaneeffachuuf, dooktori kee si laalee, raajiis si kaasa. Akka ati DhS riphee ta’aa jiru ykn DhS dammaqaa qabaachuu kee hubachuuf, qorannaa biraa siif gochuudhaan si laaluun ni barbaachisa ta’a.

Maali DhS Riphee taa’u?

DhS sadarkaa lammati qoodamu. Sadarkaan lamaanuu qorichaan/daawaan wallaanamuu ni danda’amu.

Yeroo jarmiin DhS qaama kee kessa seenan, DhS riphee taa’u fidu. Yoo wallaansi hin godhamu ta’e, DhS rephaan kun DhS dammaqaati jijjirama.

Sadarkaa 1 – DhS Riphaa	Sadarkaa 2 – DhS dammaqaa
Jarmiin DhS callisee qaama kee keessa taa’u. Sadarkaan kun yeroo dheeraaf turuu ni danda’a – waggoota hedduuf taa’u ni mala.	Jarmiin DhS dammaqoo fi faca’aa jiru. Qaama kee keessaati miidhaa geesisu.
Dhukkubsataa hin fakkaatu ykn dhukkubiin sitti hin dhaga’amu. Raajiin sombaa ati kaatus dhibee si’a baayee hin agarsiisu.	Yeroo hedduu si dhukkuba. Dooktori kee DhS kun qaama kee keessaa eessa akka miidhaa jiru laalii addaa gochuun adda baafata/ti.
DhS namoota biraati hin dabarsitu	Yoo jarmiin DhS kun somba kee kessa jira ta’e, DhS namoota biraati qufa’uun, haxxifachuun, dubachuun ykn faarsuun dabarsuu ni dandeessa.
Qoricha/daawaa akaakuu tokkicha baatii 9 iif fudhachuun ni wallanama.	Qoricha/daawaa DhS akkaakuu 3ykn 4 yoo xiqqaate baatii 6 fudhachuun wallaanuun ni danda’ama.

Maali yoon talaala(kittibaatii) BCG fudhadheera ta'e?

Talaalaan BCG (talaala DhS nama irraa ittisu) ijoollee xixiqqoo akka isaan DhS qabamanii gar malee hin dhukkubsaneef itisuuf ni gargaara ta'a. Ittisi kun yeroo namooni umuriin dabalaa deeman badaa deema.

Namooni talaala (kitibaati) BCG kanaan dura fudhatan iyyuu DhS riphaa fi DhS dammaqaa qabamuu ni danda'u. Yoo kanaan dura talaala BCG fudhateeta ta'e, filmaata dhiiga fuudhanii DhS laalamuu ykn gogaa keessa waraananii DhS ilaalamuu qabda, garuu yoo laalii dhigaa DhS godhate irra siif wayya. Sababni isaas laali dhiigaa DhS ta'u talaala/ktibaatii BCG ati fudhateen hin dhokatu. Kana jechuunis, yoo jarmiin DhS qaama kee keessa jiraate qofa laaliin dhiiga DhS dhibee agarsiisa.

DhSaaf dhiiga kee laalami! Fayyummaa kee eegi akkasumas fayyummaa maatii keetii.

Minnesota Department of Health
Tuberculosis (TB) Prevention and Control
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
1-877-676-5414 or 651-201-5414
www.health.state.mn.us/tb

06/19 Oromo

*To obtain this information in a different format, call:
651-201-5414.*